# Kitaaba Sefaaniyaa Raagichaa

## Seensa

Sefaaniyaan raagichi ergaa ifii ka dabarse dhaloota Kiristoosiitiin dura gara dhuma jaarraa torbeesso'ootitti yoo te'u, yennaa san mootichi Yosiyaas dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba jaa fi diddamii tokkotti, haareffama dhugeeffanna'aa godhiisaan dura, woggaa kudhan dursee te'uu hin dhabu; kitaab kun raaguma duri raagameeru ifi keessaa qaba; innille biyyi Yihuda'aa waaqota dharaa waan waaqonfatteef, yennaa adabam isii irra dhaqqabu, badi'ii fi barbadaawuun akka isii irra gewu ka mudhisu. Mootiin Waan Maraa yennaa san gosa biyya adda addaa dhibiille hin adaba. Diigamiisi Yerusaalem irra dhaqqabulle, yenna'aan duuba qachaan Yerusaalemii addee duriititti hin deebi'a; worri ifi gad qabuu fi balchooti achi hin le'an.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Yihudaa Irratti Guyyaa Muraa Mootii Waan Maraa *1:1-18*

Cubbuu Irraa Deebi'uu *2:1-3*

Muraa Gosa Biyya Adda Addaa ta Adaala Yerusaalemiititti Murantu *2:4-15*

Cubbuu Yerusaalemiitii Fi wodoo Yerusaalemii *3:1-13*

Faaruu Gammadaa *3:14-20*


*Yihudaa Irratti Guyyaa Muraa Mootii Waan Maraa*

1 Kun jecha Mootii Waan Maraa ka bara
Yosiyaasiin ilmi Amoonii mootii Yihuda'aa
te'eeruun gara Sefaaniyaa ilma Kuushii, akaakoo
Gedaaliya'aa, abuuboo Amaariya'aa, abutturroo
Hisqiyaasii dhufe.

2 Mootiin Waan Maraa, «Ani waan mara lafa
irraa haxowee hin balleessa;
3 namaa fi horii, allaatotaa fi qurxummiille
haxowee hin balleessa; worra hamoolee garagag-
galchee, sanyii namaa lafa irraa hin balleessa.

4 «Ani kolbaa Yerusaalemiitii fi Yihuda'aa mara
hin adaba. Baraaree worra Ba'aal waaqonfatuu-
tii fi maqaa hayyoota isa tajaajiltuu achii hin
balleessa.
5 Worra heellichoo manaa* gubbaa bayee aduu,
ji'aa fi urji'iif sagadu hin balleessa. Worra na
waaqonfataa maqaa kiyyaan kakataa, achiin du-
uba ammoo maqaa waaqa dharaa Miilkomiitiin
kakatulle hin balleessa.
6 Worra ana Waaqa hordofuu didee duubatti
deebi'e, worra na hin barbaadanne yookiin
akka isaan sooressu worra na hin gaafanne hin
balleessa» jedhe.

7 Guyyaan Goottaa Mootii Waan Maraa
waan dhikaateef, Mootii Waan Maraa duratti
cadhisa'a! Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii akka
horii ciinca'aaf qalamuu dabarsee kenniisaaf
qopheesseera; inni diina kolbaa Yihuda'aa saamu
adda baasee qopheesseera.
8 Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa ciinca'aa sanitti
ani Mootiin Waan Maraa qondaaltotaa fi ilmaan

* **1:5** *Heellichoo:* Heellichoon mana biyya sanii diriirtu'u.

mootichaatii fi worra waaqota orma waaqonfatu maraayyuu hin adaba.
9 Guyyaa san worra gulantaa balbalaa irra
utaalu mara, mana goottolee ifii meyaan guu-
tiisaaf, worra wo hatuu fi nama ijjeesu mara,
guyyaa sanitti ani hin adaba» jedha.

10 Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa sanitti, karra
karra qurxummi'ii jedhantu duraa, iyyi, kutaa
qacha'aa haareya keessaa, wiiccifati, kooba irraa
qoonqoo waan caccabuu guddoo hin dhageettan.
11 Isin worri addee dikko'oo keessa leetanu, dal-
daltooti teessan martinuu waan badaneef, worri
meetii daldalanu martinuu waan du'aneef wiicci-
fadha'a!

12 «Guyyaa sanitti ani issa'aan Yerusaalem hin
barbaada; namoota isi'ii worra akka daadhii
woyni'ii ta cumaa irratti hattee te'ane, worra,
‹Waaqi waan dansaa yookiin hantuulle hin huju›
jedhee yaadu hin adaba.
13 Karri isaanii hin saamama; manni isaanii hin
diigama; mana hin ijaarratan; ammoo keessa hin
le'anu; muka woyni'ii hin dhaabbatan; ammoo
daadhii muka woynii sanii hin unanu» jedha.

14 Guyyaan Mootii Waan Maraa guddaan
dhikaateera; ariifatee dhufaara; guyyaan sun
guddoo ka sodaachisu; guyyaa Mootii Waan
Maraa sanitti loltooti jajjabootinuu sodaatanee,
iyya jadduu iyyan.
15 Guyyaan sun guyyaa mufi'ii, guyyaa gar-
galaatii fi farriisaa, guyyaa diigamaatii fi badi'ii,
guyyaa dimimmisaatii fi dukkanaa, guyyaa du-
umensaatii fi dukkana dimmaa ti;

16 guyyaa san qachoota kushee dhaka'aa qa-
banuu fi xelleephoo dhaka'aa dhedheertuu ir-
ratti qoonqoon tultulla'aatii fi iyya lolaa hin
dhage'ama.

17 Mootiin Waan Maraa, «Ani namoota irratti
gaargala hin fida, isaan ana Mootii Waan Maraa
waan yakkaneef, akka namoota balla'aa hin dee-
man; dhiigi isaanii akka buku'uu hin lola'a; reeffi
isaanii akka kosi'ii hin gatama» jedha.

18 Guyyaa mufii Mootii Waan Maraa sanitti
meetiin isaanii yookiin worqiin isaanii isaan fayy-
isuu hin dande'anu; biyyi lafaa duudiin ibidda
aarii isaatiin hin baddi; inni worra lafa irra le'anu
mara dedhuma hin fixa.

# 2

*Cubbuu Irraa Deebi'uu*

1 Isin gosa qaanii hin qanne, wolitti qabama'aa,
wolitti dacha'a'a!
2 Akka huura qilleensaan haxowamuu adoo
hin haxowamin, mufiin Mootii Waan Maraa ta
akka ibiddaa bobeettu adoo isinitti hin dhufin,
guyyaan mufii Mootii Waan Maraa jabaan adoo
isinitti hin dhufin wolitti qabama'a!
3 Isin worri gad ifi qabee lafa irra le'u, ka ajaja
isaatiif ajajantanu, hujii balchittii huja'a; Mootii
Waan Maraa duratti ifi gad qaba'a! Guyyaa mufii
isaa san isin hin milixxan fa te'a.

*Muraa Gosa Biyya Adda Addaa Ta Adaala Yerusaalemiititti Murantu*

4 Qachaan Gaaza'aatii fi Ashiqalonii duwwaa
hin te'an; kolbaan Ashidoodii orra'aan oofama-
nee hin bayan, kolbaan Eqroonille qachaa ifii
keessaa hin oofaman.
5 Ee, worra abbaayaa qarqaraa gosa Keretii
isiniif aanne'e! Ee, Kana'aanii lafa Filisxeemotaa,
«Ani isin hin balleessa; nami tokkolle hin hafu»
ka jedhu, jechi Mootii Waan Maraa isin irratti
dubbatameera.
6 Latti teessan ta abbaayaa qarqaraa addee
horiin dheeedu, kaloo tissitootaatii fi gooree
hooloti itti galanu hin teeti.
7 Sanyiin Yihuda'aa baraareen hatte lafa ab-
baayaa qarqaraa teeti san hin qabatan. Horiin
isaanii achi hin dheedan; tissitooti halkan mana
worra Ashiqalonii keessa hin bulan. Mootiin
Waan Maraa Waaqi isaanii isaaniif hin yaadata;
worra isaan duraa booji'amelle isaaniif hin dee-
bisa.

8 Mootiin Waan Maraa Ka Waan Mara dade, «Ani
murgoo worra Mo'aabii, arraba worra Amooniille
ka isaan kolbaa tiyya arrassanee, lafa isaanii qa-
batiisaaf itti kooranelle dhage'eera.
9 Tanaaf, ani dhugumaan jiraata'a; worri
Mo'aabii akka worra Sodoomii worri Amooniille
akka worra Gomora'aa addee midhaan ijjumaa
itti hin lannee fi addee boolla sooddaa, addee
haga bara baraa diigante hin te'an; kolbaan tiyya
worri lubbu'uun hafe karra isaanii hin saaman;
lafa isaanille hin dhaalan» jedha.

10 Kolbaan Mo'aabiitii fi Amoonii kolbaa Mootii
Waan Maraa Ka Waan Mara dadee irratti murga-
nee waan kooraneef gatii koora ifii hin dhaggatan.

11 Mootiin Waan Maraa waaqota dharaa ka
lafa isaanii mara yennaa balleessu, isaan biratti
ka sodaatame hin te'a; gosi biyya adda addaa
ta cinaa abbaaya'aatii fi oddoolotaa marti tokko
tokkoonuu addee jiranutti isaaf hin sagadan.
12 Isinille, ee worra Itoophiya'aa*! Shallaagaa
kiyyaan hin ijjeefantan.
13 Inni hunna ifiitiin worra kaabaa Asoor hin
balleessa; Nanawweelle onsee akka goomole'ee
hin gossa.
14 Hori'ii fi bineensoti adda addaa achi hin ci-
isan; urungu'uu fi harraaqessi utubaa isi'ii irra
hin bulan; qoonqoon isaaniille karaa foddaa man-
aatiin hin dhage'ama; karaa balbalaatiin kosiin
hin tuulama. Utubaan dareeraa ka hindheensaa
duwwaa hin hafa.
15 Qachaan kun ka nageyaa fi gammadaan le'u;
ka ifiin, «Ana malee nami dhibiin hin jiru» jed-
hee yaade, amma ammoo attamiin addee ona
bineensi keessa le'u te'e? Worri karaa san dabaru
martinuu, harka ifii ol qabee itti hin murga.

# 3

### *Cubbuu Yerusaalemiitii Fi Wodoo Yerusaalemii*

1 Qachaa Yerusaalemii cubbicha, batticha nama
cunqursuuf aanne'e!
2 Inni namaaf hin dhage'u; gorsa namaa hin
fudhatu; Mootii Waan Maraatitti hin addatu; gara
Waaqa ifiille hin dhikaatu.
3 Qondaaltoti isaa akka neenqa dhangaa
dhowuu ti; abbootiin mura'aa ta isaalle

* **2:12** *Itoophiyaa:* Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

akka yayyii galgalaa ta womaa boruuf hin
hamburannee ti.
4 Raagoti isaa koorameeyyi'i; isaan worra hin
addatanne; hayyooti isaa waan woyyuu te'e bat-
teessan; seeralle hin dassan.
5 Mootiin Waan Maraa balchichi ammoo isa
keessa jira; inni dokonkora hin qabu; inni ganama
mara muraa dhuga'aa mura; guyyuma guyya'aan
hin dadhabu; dabaaleyyiin ammoo qaanii hin
beekanu.
6 Mootiin Waan Maraa, «Ani gosa biyya adda
addaa balleesseera; Xelleephoo* isaanii diigeera;
karaa isaanii akka nami tokkolle irra hin ideenne
duwwaa godheera; qachooti isaaniille onee ka
nami tokkolle keessa hin jirre te'aneeran.
7 Ani, ‹Dhugumaan qachaan Yerusaalemii na
hin sodaata; adabbii tiyyalle hin fudhata; worri
achi keessa jiranulle ijjumaa hin badanu; adab-
biin tiyya martille isaan hin dhaqqaddu› jedheer-
aayyu; qachaan sun ammoo ammalle hujii han-
tuu san hujiisaaf dharraa qaba.
8 «Tanaaf ani Mootiin Waan Maraa, ‹Guyyaa
ani dhugaa baasiisaaf ka'u sanitti na eegadha'a!
Ani gosa biyya lafaa wolitti qabiisaaf, mootum-
mootalle wolitti raree, aarii tiyya ta bobeettu
maraayyuu isaan irratti dhangalaasiisaaf murte-
effadheera; biyyi lafaa martinuu hinaaffaa tiyya
ta akka ibiddaatiin hin gubatti› jedheera.
9 «Yennaa san ani kolbaa gosa biyya adda addaa
mara maqaa kiyya akka waamanu, harka wol

* **3:6** *Xelleephoo:* Xelleephoon tun ta isaan irra tee'anee diina ifii eegatanu.

qabatanee akka ana tajaajilanu dubbii qullittii
akka dubbatanu isaan hin godha.
10 Kolbaan tiyya worri bittinnowe, na waaqon-
fatiisaaf, lagoota Itoophiya'aa† gamaa, kennansa
naaf hin fidan.
11 Guyyaa sanitti ani worra koora ifiititti gam-
madu odduu teessanii waan baasuuf, isin waan
na yakkitane san maraaf hin qaanottanu; gaara
kiyya woyyicha irrattille haganaa achi ifi hin
saaddanu.
12 Kolbaa gad ifi qadduu fi ta hin koorre, ta
ana Mootii Waan Maraatitti addattu ammoo isin
oddu'utti hin hambura;
13 Israa'elooti worri hafane haganaa achi hin
yakkanu; dharalle hin dubbatanu; namalle hin
sobanu; isaan nyaatanee hin irkatan; ka isaan
sodaachisulle hin jiru» jedhe.

### *Faaruu Gammadaa*

14 Ee gumii Xiyoonii, faarfadha'a;
ee kolbaa Israa'elii iyya'a!
Ee kolbaa Yerusaalemii,
gadhaa tokkochaan gammadaan ilillisa'a!
15 Muraa isinitti murate san
Mootiin Waan Maraa isin irraa kaaseera;
diinota keessanille si irraa deebiseera;
Mootiin Waan Maraa mootiin Israa'elii
isin woliin waan jiruuf,
haganaa achi miidhaa tokkolle hin sodaat-
tanu.
16 Guyyaa sanitti namooti Yerusaalemiin,
«Ee Xiyoon hin sodaatin!
Harki keeti hin laashowin!

† **3:10** *Itoophiyaa:* Yaadannoo Dad. 2:13 irratti kenname ilaali.

17 Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti si woliin jira;
hunni isaa injifannoo sii kenniti;
inni guddoo sitti hin gammada;
jaalala ifiitiin jiruu teeti hin haaressa;
inni faaru'uun si'itti hin gammada» hin jedhan.
18 Mootiin Waan Maraa ammalle,
«Akka kolbaa guyyaa jilaa gammadduu,
si gammachiisa.
Ani muraa isin irratti ba'aa teete isin irraa hin kaasa.
19 Ani yennaa sanitti
worra isin cunqursu
maraayyuu hin adaba;
worra naafa hin fayyisa;
worra bittinnowelle wolitti hin qaba.
Qaanii isaanii gara ulfinnaa jijjiiree,
biyyi lafaa duudiin isaan hin leellitti.
20 Yennaa sanitti ani wolitti isin qabee,
biyya teessanitti isin hin galcha;
boojuu teessan,
adoo isin ilaaltanuu
isiniif hin deebisa.
Ani kolbaa gosa adda addaa ta lafa irraa mara oddu'utti,
ulfinnaa fi leellisa
akka dhaggattanu isin hin godha» jedha.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e